
# AMANTIITTI CIMAATII DHAABADHAA



*1 Qor. 16:30*

**MATA DUREE JEDHUUN YAA'IIN IDILEE 12 FFAAN WALDAA LUTHERAN CANADA WAXABAJJII, 10-13/2022 ALBERTA MAGAALA EDMONTON TI ADEEMSIFAME.**



## *Waldaan "Shalom" Oromo Lutheran Winnipeg, Miseensa guutuu waldaa Lutheran Canada ta'uun, beekkamtii Argatteetti*



**REV. ASEFA AREDO**

Gumii kana irratti, Waldaan "Shalom" Oromoo Lutheran Winnipeg, Miseensa guutuu waldaa Lutheran Canada ta'uun, beekkamtii kan argattee yo ta'u, Luba, Asefa Aredo waldaa Shalom bakka bu'uun, walii galtee seenaa qabeessa kana mallatteessanii jiru. Quebec irraas, woldaan bira gara miseensummaa guututti guddatee jira.

WWW.LUTHERANCHURCHCANADA.CA/SYNOD-CONVENTION-2022

**#STANDFIRM2022**

President Lutheran Church–Canada kan ta'an Lubi, Dr. Timothy Teuscher baniinsa yaa'ii kana irratti akka dubbatanitti yeroo jalqabaatiif, bakka bu'oota waldoota guutuu Canada irraa namoota 580 ol ta'an walitti qabamu isaani yaa'ii kana adda isa godha jadhaniruu.

Oolmaa guyyaa 2ffaa yaa'iitiin, kadhannaa luba Gizaawu Chuta waldaa afaan Oromoo Calgary, Lallaba sagalee waaqayyotiin ammoo, Pastor Mark Smeez, (hogganaa damee ergama wangeela, Lutheran Canada fi Idil-Adunyaa / Director of Missions, Lutheran Church–Canada) tajaajilanii jiru.




**REV. DR. JOHN MAXFIELD**

Seenaa Martin Luther fi ka'uumsa waldaa Lutheran adunyaa kan dhiyeessan ammoo, Luba. Dr. John Maxfield, yo ta'an university Edmontonitti, Professor fi qorataa seena'aati.

Ciminnaa fi rakkoowwan muudataa jiran fi haala waldaa Lutheran Canada keessa jirtuu irratti ammoo, David Friesen (Director of advancement, LCC) waraqaa qu'annoo dhiyeesani jiru. Guyyuma kana irratti, President fi itti aanaan president Siynoodos Lutheran Canada fitamanii jiru.

Haaluma kanaa, Lubi. Dr. Timothy Teuscher, yaroo lammataaf Presidenti ta'anii yaroo muudaman Lubi Michael Schutz itti aanaa presidenti ta'anii wagga 4 ffi hojjatu.



**REV. DR. TIMOTHY TEUSCHER**



**REV. MICHAEL SCHUTZ**

Guyyaa 3ffaa yaa'ii kana irratti, director bordii kan woliigalaa fi director bordii bulchiinsa lubootaa, bifa haara'aan filatamaniiru. Seera bulmaataa fooyyessuu fi raggaasisuu irratti mariin baldhaan kan godhame yo ta'u, Keessattuu, waa'ee gaa'ilaa irratti waldaan Lutheran Canada akkuma kaleessaatti, hardhas, sagalee

Waaqayyoo (Seera uumama boq.1:27 Egaa waaqayyo akka bifa isaatti nama uume,dhiiraa fi dubartii taasisee isaan uumee) jedhu, jabeessitee amantoota kan barsiistuu ta'ushii mirkaneessanii jiruu.

Dargaggooti waldaa keessaa dhabamaa deemuun xiyyeeffannaa guddaa kan barbaadu ta'u isaa hubachuun, bajata guddaa ramaduun leenjii fi garee tajaajila kana cimsee-Jajjabeessuuf deeggarsa malu kamiiyyuu godhuun kan barbaachisu ta'u murtaa'ee jira. Lutheran Canadan waldaa Lutheran Norway waliin ta'uun, hojii wangeelaa karaa hundumaan hojjachuuf waraqaa waliigaltee waliin mallatteessaniiru.



Yaa'ii kana irratti,Waldootiin hojiiwwan wangeelaa haga ammaa hojjachaa turani, agarsiisa gara garaa, garee gareen kan dhiyeessan yoo ta'u, kana keessaa waldaan afaan oromoos qooda guddaa qabdi ture. Waaqeffannaanis, afaan oromoo dabalatee afaanota adda addaatiinis, dhiyaateera. Waldaa" El Shaddai" oromoo lutheran Edmonton yaa'ii kana irratti argamuun tola oltumaan( volunteer) tajaajilani jiru.



## MATAA DUBBII

# 1 QOR. 16:13

*"Dammaqaa, amantiitti cimaatii dhaabadhaa! Ija-Jabeeyyiidhaa fi jajjaboo ta'aa!"*

*1 Qor. 16:13*
*jechi kun, yaadannoo dubbii Marthin Luther waggaa 500 hardhaa (1521) dubbateef beekkamtii kennuuf yaadamee, wiirtuu yaa'ii baranaa ta'ee taa'e.*



Akkaataa bulchiinsa seera  federaalaa qaama dhaabbilee tola ooltotaa /non-profit organizations/ too'atutti, Lutheran Church–Canada (LCC) miseensota gameeyyii (Luboota, diyaaqonoota, fi amantoota) carraa gaggeessitoota isaanii kallattiin filatan, aka isaan hegeree tokkummaa wolda amantootaa irratti malanii-mari'atan, akkasumassi, hiree seera labsuu fi raggaasisuu, dirqama laatuufii qaba.

Yo rakkinni Addaa (weerarri dhibaa kan akka baranaa) hin jiraatin, yaa'iin kun waggaa Afuri-Afuriin gaggeeffama.

Gumiin yaa'ii: Hafuura kadhannaa dadamaqsee, aadaa barsiisaa caafata qulqulluu babalisa; komii bulte hiikee, marii jajjabduudhaafis haala mijeessa.

Abbootiin murtii Gumii keessaa babba'an, dambii bulmaataa waldaa wolii galaatiin fooyya'e raggaasisu; seeraa fi dambii ittiin bulmaata Siynoodos ilaalchisee komii fi iyyata jiru laalanii furmaata foya'aa itti keenu.

Yaa'iin kun, guura  tokkummaa walda amantootaa kan ta'e Siynoodof kallatti qiyyaasuun, haala qabatamaa ammaa irratti hundaa'ee hegeree dhaabichaa bu'uura amaniisaa irratti aka dhaabbatu tattaafata. Karooraa fi raawwii sagantaalee gadii fageenyaan sakatta'uu, too'achuu, tarii ammoo, hudhaalee dhawaata-dhawaataan dhalataniif ammoo, yaada furmaataa maddisiisuu, fala kaa'uu fi kallattii akeekuun, adaraa tokkummaa amantootaatiin itti kenname shasharafiisa tokko malee ni ba'a.

YAA'IIN BARANAA/2022 Kan Adeemsifame, magaalaa Edmonton kutaa bulchiinsaa Albertatti. Kunis:Dhangaa, Geejjiba, Dirree fi Siree bareeda waan Edmonton qopheessiteef, abbootiin murtii gamaa fi gamana laaltee murteessite.

Namootii 580 hirmaattota yaa'ii baranaa yo ta'anu, achi keessaa 500 bakka buutota manneen sagadaa irraa babba'anii dha.

•Yaa'ii baranaatiif budget gara 800,000 kan qabame yo ta'u, irra jireessi isaa: imala, bultii fi soorataaf/nyaatafi kan Ooledha.

Wolumaa galatti;- Gumiin kun kaayyoo fi karooraa LCC'n baase raggaasisuun, ergama wongeelaa Waaqarraa, imaanaa  namarraa itti kenname galmaan ga'uuf yoomiyyuu caalaa cichee hojjata.!

Canadian Lutheran World Relief
LUTHERAN HOUR MINISTRIES
FaithLife FINANCIAL
LLL Canada
cbs
ISRAEL Land of Creation
ISRAEL MINISTRY OF TOURISM
MAWER Be Boring. Make Money.™
Ellement Pensions | Benefits | Investments
MLT AIKINS WESTERN CANADA'S LAW FIRM
TD Asset Management